# Yeroo eddoo fincaanii dhuftan Qiblatti fuulaan gara hin galinaa, duubanis gara itti hin galinaa, garuu gara bahatti ykn gara dhihaatti gara galaa

Abuu Ayyuub Al-Ansarii irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu, Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irratti haa jiraatu- akkana jedhan: «Yeroo eddoo fincaanii dhuftan Qiblatti fuulaan gara hin galinaa, duubanis gara itti hin galinaa, garuu gara bahatti ykn gara dhihaatti gara galaa» Abu Ayyuub akkana jedhe: shaam dhufnee mana fincaanii gara Qiblatti garagalfmee kan ijaarame ta'uu argine, irraa garagallee fayyadamnee, Rabbii ol ta'e dhiifama gaafanna.
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni fincaan ykn sagaraa barbaade qiblatti fuula garagaluufii duuyda garagalus dhoowwan, yoo qiblaan isaa akka warra madiinaa tahe, gara bahaa ykn dhihaatti akka garagalu ajajan. Sana booda Abuu Ayyuub Rabbiin irraa haa jaallatu, yeroo gara shaamii dhufan, mana fincaanii qophaa'e gara qiblaa kaabaatti gargalee akka ijaarame hime, kanaaf isaan qaama isaanitiin qiblaa irraa kan garagalan ta'an, kana waliinuu Rabbiin dhiifama kan gaafatan ta'an.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee